Adda Demokraatawaa Oromoo
Bilisummaa fi haqa ummataa hundaaf!

Oromo Democratic Front
Freedom and justice for all!

Mudde 31, 2015

BAGA BARA HAARAYAATTI CEENE!

Yeroon amma kun seena ummataa Oromoo keessati yeroo kamu caalaa ka ummani keenya itti ajjeefamaa jiru fi dararamaa jiru dha. Yeroo kana keessati baga bara haarayaan si gahe fi baga gammade isiniin hin jennu; yeroo kun ka gammachuu waliif hawwaan mitti. Lammiiwwan keenyaatu ajjeefamaa jira, dhala Oromootu hidhaatti guuramaa jira, heegaree saba keenyaatu dararamaa jira; jijjiirama baraa ayyaaneffachuun nutti hadhaawaa jira. Akkasis ta'ee, "Baga bara haaraatti tarkaanfanne" waliin jechuun karaa dha.

Amma barri 2015 dhumatee, barri 2016 jalqabaa jira. Yeroo akkasii waan bara dabre keessa turre of duuba mil'achuun barbaachisaa ta'a. Sana irraa ka'uudhaan waan bara dhufu nu eeggatu tilmaammachuunis ni barbaachisa.

Barri 2015 bara boonyees ture, bara boonnees ture. Waanuma nu boochisetu nu boonsises. Dhangalawuun dhiiga ilmaan Oromo nu boochise. Hidhamuu fi dararamuun Oromootaa nu boochise. Garaatu nu madaawee, gubate. Qalbiitu nu raafame. Bara 2015 gama tokkoon oggaa ilaallu kana agarra.

Gama kaaniin barri 2015 bara boonnes ture. Ilmaan Oromoo harka qullaa humna hidhate dura dhaabbatanii mirga saba isaaniif falmuun nu boonse. Sabni Oromoo gandaan, amantiidhaan, fi eenyummaa gara garaatiin osoo adda hin bahin akka qaama tokkootti lafaa ka'ee sosso'e. Oggaa Oromoon tokko hubamuu Oromoon hafe "na hin ilaalu" jedhee callisee hin teenye. Oromoon tokko hubamuun Oromoon hundi hubamu akka ta'e hundi hubatee sosso'e. Kanaaf, barri dhumaa jiru kun bara sab-boonummaan Oromo sadarkaa ol'aanatti tarkaanfate tahe yaadatamaa akka jiraatu mamii hin qabnu.

Barri 2016 dirqama ulfaataadhaan nutti dhufaa jira. Bara guddina sab-boonummaa Oromoo kan bara 2015 keessa galmeeffame kana sadarkaa itti aanutti tarkaanfachiifnu taasisuun dirqama ulfaataa dha. Maddi demokraasy dhugaa sochii ummataa ti. Sochiin bara 2015 keessa mandi'e jalqaba dhugoomuu demokraasy dhugaa ta'uu danda'a. Yoo sochiin kun gufate garuu abbaa-irrummatuu sadarkaa hamaatti guddata. Kan boodanaa hanqifnee, kan duraa milkeessuudhaaf Oromoon hundi afaan tokkicha dubbachuun barbaachisaa dha. Akka qaama tokkootti sochii amma jalqabame finiinsuun barbaachisaa dha.

Haalli amma argaa jiru abdachiisaa dha. Oromoota biyya keessaa qofa osoo hin taane, kanneen biyya alagaa jiraannus, osoo ejjennaa politikaatiin adda hin qoodamin, dirmannaa keenya dhageessisuu jalqabne jirra. Kun waan jajjabeeffamu qabu jenna. Jalqaba abdachiisaa kana irratti ijaaruudhaaf, marii bal'aan geggeeffamuu qaba jenna.

Nuti, miseensotni Adda Demokraatawaa Oromoo, marii akkasii irraa qooda fudhachuudhaaf yoomuu qophii dha. Yoo yaamichi akkasii nu dhaqqabe ni owwanna. Yoo yaamichi akkasii bubbules, ofii keenyaa waamicha gochuudhaaf fedhii guddaa qabna.

Yeroon amma keessa jirruu yeroo Dhaaba ofii dhaadhessuun dursa qabaatu mitti. Wanti dursa argachuu qabu ummata keenya qabsoo irra jiru dhaqqabuu dha. Sagalee tokkichaan rorroo Oromoo irratti raaw'atamaa jiru addunyatti beeksisuu dha. Kana irratti qaama qindeessaa tokko dhugoomsuun waan yeroo kennu mitti. Waan kaleessa raaw'atamuu qabu ture malee.

Ilmaan Oromoo hundarra amma dirqama seenaa ulfaataatu jira. Addi Demokraatawaa Oromoo, dhaabotaa fi namoota yaada akkasii nu wajjin qooddatan waliin socho'uudhaan dirqama kana akka baanu gochuudhaaf qophii ta'uu isaa beeksisa.

Dhuma irratti, "baga hundi keenya bara haarayaarti ceene" jechaa dhaamsa keenya kana xumurra.

Injifannoon kan ummataa akka ta'u mamii tokkollee hin qabnu!